Februar 2021, oromo

Talaallii Vaayirasii Koroonaa

– Talaallii COVID-19 kan AstraZeneca(AstraZeneca)

Odeeffannoo namoota talaallii kana fudhataniif

Vaayiresiin-koronaa haarawni dhibee sirna hargansuu kan fidudha. Namootni baay'een mallattolee cimoo hin taane agarsiisu yookaan ammoo mallattoo kamiyyu hin agarsiisan, garuu namootni muraasni haala cimaan tarii dhukkubsachuu danda'u. Namootni dulloomoon, akkasumas durumayyu namootni dhukkuboota kanneen biroo tokko tokko qaban dhibee haala olaanaadhaaf yookiin du'aaf ni saaxilamu. Kaayyoon talaallii vaayiresii-koronaa jireenyaa fi fayyaa eeguufidha.

Talaallii vaayiresiii koroonaa eenyutu fudhachuu qaba?

Namootni karaa sagantaa madineessummaa biyyooleessatin talaallii kana akka fudhatan gorfaman, yeroo barbaachisummaan isaa dursa ta'utti fudachuu qabu.

Talaalliin kuni fedhiidhaan kennama. Namoota Norway keessa turaniif kennama

Ani akkamittan kittibaaticha argadha?

Odeeffannoo waa'ee kittibaatichi eenyuuf akka dhi'eessamaa jiru, kittibaatiin akkamiin akka qindeessamaa jiru fi yoom akka raawwatamu ilaalchisee toora-weebsayitii/marsariitii bulchiinsa magaalaa keetii caqasi.

Kittibaatiin kun akkamitti kennama?

Talaallichi irree oliirratti waraannatama. Yoo xiqqaate torbanoota 9-12 walirraa fagaatee dooziiwwan kittibaatii lamatu siif kennama. Yeroo saganteeffame sanatti doozii lammaffaa ati fudhachuun kee faayida-qabeessadha.Ati kittibaaticha fudhachuu keetiin dura, ati fayyummaan akka sitti dhagaa'amaa jiru baruuf ni gaaffatamta akkasumas kittibaatiiwwan kanneen biroo fudhattee turte dhiibbaawwan kamiyyu sirratti yoo qabaatan ta'e. Addanyoowwan kamiyyu yoo qabaatte, qorichawwan yoo fayyadamte yookiin dhibeewwan fayyaa kanneen biroo yoo qabaatte himuu yaadadhu. Dhukkubbii olaanaa fi ho'isa-qaamaa 38 °C irratti kittibaatii tursuun waan baratamaadha. Kittibaaticha erga fudhatteen booda, daqiiqaa 20 'f akka turtuuf ni gaaffatamta.

Talaalliin kun akkamiin hojjeta?

Talaallichi foormulaa (messengerRNA) qaba qubawwan vaayiresicha-koronaarra jiraniif. Qaamni koppiiwwan quboota kanneenii kan miidhaa hin qaqqabsiisne kan sirni ittisa-qaamaa irratti shaakaluu danda'u oomisha.Karaa akkanaatiinis, sirni ittisa-qaamaa qubawwan vaayiresicha-koronaa hubachuu barata akkasumas qaamni vaayiresichaan yoo qabame qaamicharraa ittisa. Messenger RNA 'n qaamaan atattamaan ni caccaba akkasumas waantota jenetikii irratti dhiibbaa hin qabu.

Kittibaatichi vaayiresii lubbuu qabu hin qabu akkasumas dhukkuba COVID-19 hin fidu. Kittibaatiin vaayiresicha-koronaa dhukkuba ittisuudhaaf hojjeta. Dhukkuba qaqqabsifamaa jiru fayyisuu hin danda'u.

Malli akkasiin talaallii tolchuu kun namarratti dhukkuboota daddarbootiif kanaan dura itti hin fayyadamamne, garuu teekinolojichi beekamaadha akkasumas waldhaansa kaanserii keessatti itti fayyadamameera.

Talaalliin kun hagam haala gaariin dalaga?

Talaalliin kun dhukkuba vaayiresii-koronaa haarawa sanaan kan dhufurraa kan ittisudha.

FHI

Qorannoowwan talaallichaa keessatti doozii lammaffaatiin toorbee lamaan booda,namootni hangi naannoo 60 % kanneen kattabaman eegumsa-qaamaa qabaataniiru. Kanneen dulloomootiif, odeeffannoon muraasni ni jiru. Eegumsichi-qaamaa sun yeroo hagamiif akka turu ammallee nuti hin beeknu. Yeroodhaan booddee eegumsichi-qaamaa yoo hir'ate, waraannannaan dooziiwwan ol-kaasoon tarii barbaachisaadha. Kittibaatichi hagam haala gaariin daddarba vaayiresichaa akka ittisu ammallee nuti hin beeknu. kanaafuu, gorsa to'annoo karaa-daddarbasaa kan yeroo ammaa hordofuu itti fufuun faayida-qabeessadha.

Miidhaawwan masoo

Qorannoowwan kanneen geggeeffamanii turaniirraa, namoota kanneen kattabamanii turanirratti waa'ee miidhaalee cinaa kanneen baratamoo fi baratamoo hin taane nuti ni beekna.Miidhaalee cinaa darbanii darbanii mullatan yookiin miidhaalee cinaa kanneen jalqaba yeroo dheeraa kittibaatiin booda mullatan nuti hambisuu hin dandeenyu. Miidhaaleen cinaan irra-jireeyyiin isaanii kittibaatiin booda guyyoota jalqabaa keessatti kan mullatanidha akkasumas guyyoota muraasa keessatti kan dhabamanidha:

- Namoota talaallii fudhatan walakkaa oltu dhukkubbii idoo irratti waraanamanii himata.
- Miidhaawwan masoo biroo beekamoon nageenyummaan namatti dhagahamuu dhabuu, dadhabbii, dhukkubbii mataa, dhukkubbii maashaa fi mitikaa, qabbana, balaqqamsiisaa fi hoo'a.
- Miidhaawwan masoo kunniin marsaa 2 booda sassalphoo fi deddeebii xiqqaa kan qabanidha.

Yeroo hedduu, miidhaawwan masoo kunniin salphoo fi jiddu galeeyyidha. Kanneen 5% gadi ta'an qofatu miidhaa masoo isaan jeequ kan miidhaa hin qabne, kan garuu guyyoota muraasaaf isaan irra ture agarsiise.

Miidhaalee masoo yoon qabaadhe maalan godha?

Mallattooleen hin eegamiin, cimoo yookiin kan sirra turan kanneen tarii sababii talaallichaati jettee yaaddu yoo si mudaate, qorannoo fi gorsaaf ogeessa-fayyaa kee yookiin hojjetaa kunuunsa-fayyaa kan biraa qunnami. Hojjettootni kunuunsa-fayyaa dhiibbaawwan cimoo yookiin hin eegamiin kanneen sababii talaallichaati jedhanii yaadan kamiyyu gabaasuudhaaf itti-gaaffatamoodha. Akkasumallee ofuma keetiin yaadachiisa karaa teessoo kanaa erguu ni dandeessa: helsenorge.no.

Raggaasifama yeroofii

Talaalliin vaayiresii-koronaa kun qorannoowwan gurguddaa kan namootni kumaatama hedduun lakkaa'an keessatti talaallicha fudhataniin kan qu'atamaa turedha. Qorannoowwan kunniin akkaatuma tallaalliwwan kanneen biroon ittiin qoratamaniin kan geggeeffamedha, garuu yeroon ilaalcha-qu'annoo gabaabaadha.Aangootiin qajeelcha-qorichaa raggaasifama yeroofii kittibaatichaaf kennanii jiru. Isa kana jechuunis faayidaan kittibaatichaa haala olaanaan miidhaasaarra akka caalu qu'achuudhaaf odeeffannoon ga'aan ni jira, garuu oomishaan talaallichaa qorannoowwan itti fufuu akka qabuu fi yommuu isaan argaman itti fufinsaan odeeffannoo aangootii qajeelcha qorichaatiif dhiyeessuu akka qabudha.

Ani Talallii isa kamiin fudhee jira?

Ati yommuu talaallii vaayiresii-koronaa fudhattu , kun Galmee Madinaa'ummaa Noorwey (Norwegian Immunisation Registry), SYSVAK keessatti kan galmeeffamu ta'a. Teessoo kanarraan odeeffannoo kee argachuu ni dandeessa: helsenorge.no.

Ati dabalataan caalaatti beekuu ni barbaaddaa?

Maaloo ogeessa-fayyaa kee yookiin hojjetaa kunuunsa-fayyaa kan biraa gaaffadhu yookiin toora-weebsayitii/marsaritii Dhaabbata Fayyaa Noorwey (Norwegian Institute of Health's) caqasi teessoo kanarratti: fhi.no/cvp.

FHI